# Mana kee nagaan jiraachuuf mirga ni qabda

Queensland Government

Australia keessatti jeequmsi mana keessaa fi maatii fudhatamaa miti. Eenyuun illee ta'i yookaan bakka kam irraa ille kottu, jeequmsi mana keessaa fi maatii hundaa kan miidhuu danda'uu fi hawaasa hundaa keessas kan jiruu dha.

**Yoo miidhaa keessa jiraatta tahe, yookaan qe'ee kee keessatti sodaan sitti dhagahama tahe kun dogoggora kee miti. Qaanii fi yeella'uun sitti dhagahamuu hin qabdu.**

**Hariiroo fayyaalessi wal amanuu, wal gargaaruu fi nagaa waliif qabaachuu dha. Maatii keessatti namni tokko isa kaan sodaachisuu hin qabu.**

**Gargaarsi ni jira. Yoo nageenyi sitti hin dhagahamu ta'e gargaarsa gaafachuun ni ta'a. Yeroo gargaarsa barbaaddu, qunnami:**

**Sardama (Poolisii yookaan Ambulaansii) Duwwaa Sadeen (000)**
Yoo namni tokko balaa tasaa jala jira tahe.

**Toora bilbilaa gargaarsa Dubartootaa sa'aa 24 (DVConnect) 1800 811 811**
Dubartoota jeequmsi manaa isaan mudateef gorsaa fi gargaarsa tolaa fi hicitiin isaa eegamu.

**Tajaajila Gargaarsa Dubartoota Godaantotaa 07 3846 3490**
Dubartoota afaan English hin dubbanne irraa tahaniif jajjaibinaa fi gorsa

**Toora bilbilaa gargaarsa dhiirotaa (DVConnect) 1800 600 636**
Gargaarsa hiccitiin isaa eegame dhiirota rakkoolee maatii fi hariiroo qabaniif.

**Toora bilbilaa gargaarsa lubbuu 131 114**
Yeroo kam illee, guyyaas ta'e halkan goolamuun yoo si irra ga'e gargaarsi ni jira.

Interpreter

Afaan keetiif afaan hiikaa argachuuf **13 74 68** bilbili.

**Jeequmsa mana keessaa fi maatiif aadaan gonkuma dhiifama miti.**

**www.qld.gov.au/domesticviolence**

Jeequmsi mana keessaa fi maatii yeroo namni hariiroo waliin qaban tokko humna qabutti dhimma ba'hee nama kan biraa hariiroo wal gidduutii qaban sana humnaan too'atu, miidhuu yookaan sodaachisuu dha. Kunis hariiroo waliin jireenyaa keessatti bifa adda addaa qabaachuu danda'a; yeroo hedduus maatii gidduutti ta'a.

## Jaalalloo, maatii yookaan namni kunuunsa siif godhu horiisa yookaan doorsisa bifa miidhaa kanaa gadii si irratti dhimma ba'aa?

### Maallaqaan miidhuu

- Maallaqa ati argattu yookaan kan ati argachuu dandeessu (Centrelink irraa sii kennamu) si harkaa fuudhaa?
- Maallaqa gahaa sii fi ijoollee keetiif barbaachisu hin kennuu?
- Waan ati bittu ni hordofaa ni to'ataa?
- Dalagaa argachuu irraa si dhorkaa?

### Miidhaa qaamaa geessisuu

- Si darbaa, si rukutaa, si hudhuuf yaalaa, si dhiitaa, yookaan si rukutuuf waa sitti darbaa?
- Wal'aansa fayyaa yookaan nyaataa fi dhugaatii gahaa akka ati hin arganne si dhorkaa?

### Miidhaa saalaa geessisuu

- Qunnamtii saalaa ati hin barbaadne akka raawwattu si dirqaa (gaa'elan booda illee)?
- Yoo qunnamtii saalaa hin raawwattu tahe si miidhuuf si sodaachisaa?

### Arrabsuu

- Sitti kakataa yookaan jechoota qalbii si miidhaan siin jedhaa?
- Keessattu ummata keessatti, si xiqqeessaa, si ceepha'aa yookaan si arrabsaa?

### Miidhaa miiraa fi qalbii

- Gati hin qabnee, ofitti qaanfachuu, gargaarsa hin-qabnee, gadduu fi saalfiin akka sitti dhagahamu taasisaa?
- Si, ijoollee, matii fi beeyiladoota kee miidhuuf si sodaachisaa?
- Waraqaa ragaa kee si harkaa fuudhaa yookaan akka Australia keessaa ariyamtu si sodaachisaa?
- Qofaatti si dhiisuu yookan ijoollee kee si harkaa fudhachuuf si sodaachisaa?
- Waan ati uffattu, ilaaltuu fi/yookaan dubbistu to'ataa?

### Miidhaa aadaa fi amantii

- Aadaa fi amantii keetti akka qaanfattu taasisaa?
- Afaan kee akka hin dubbannee fi bakka qophiin aadaa fi amantii kee jiru akka hin deemne si dhorkaa?
- Amantii fi aadaatti dhimma ba'ee si miidhaa yookaan akka ati waan hin barbaadne godhtu si dirqaa?
- Yoo kennaa hin kennituuf tahe si miidhuuf si sodaachisaa?

### Miidhaa jireenya waloo

- Eessa akka deemtu, eenyuun akka agartu yookaan akka maatii fi hiriyyoota kee hin agarre mana keessatti si dhorkaa yookaan si ittisaa?
- Bilbila kee fi waan ati ilaaltu kan akka (Facebook, Instagram) si harkatti to'ataa?
- Yoo ati nama kan birootti dubbatte ni wenna'aa, ni hinaafaa?

## Yoo kanneen keessaa tokkoon isaa si irra ga'e, jeequmsa mana keessaa fi maatii ti.